

مؤسسة دار الفكر

Dar Al-Fikr Foudation

مؤسسة - إيثوبيا



التوجيه

جوهر الحضارة الإسلامية

إسماعيل راجي الفاروقي

**HUNDEEN QAROOMA ISLAAMAA
TOKKICHUMMAA RABBIITI**

Qopheessaan:

Ismaa'il Raajii Alfaaruuqii

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

التوحيد جوهر الحضارة الإسلامية
إسماعيل راجي الفاروقي

**Hundeen Qarooma Islaamaa
Tokkichummaa Rabbiiti
Qopheessaan:
Ismaa'il Raajii Alfaaruuqii**

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C

DF-E-TrBs-18/41

© Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-addunyaa - Harandan-
Varjiiniya- Ameerikaa

Maxxansaan Duraa 1436 LH/ 2015 DhC

Tokkichumaan Rabbii: Hundee Qarooma Islaamaati

Qopheessaan: Ismaa'iil Raajii Al-Faaruuqii

Yaadannoon kun kutaa afrafaadhaa, kan kitaaba " Axlax al-Hadhara al-Islaamiyyah" jedhamu irraa fudhatame, kitaabni kuniis afaan Ingliffaatiin mana raabsaa Maakmiilaan irra bara 1986 kan raabsame, akkasumaas gara afaan Arabaatti hiikamee raabsamee, mana kitaabaa al-Abiikaani fi Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-addunyaa irraa dhihaatee dha.

Qabiyyeen kitaabichaa 1- tokkichummaa Rabbii 2- Qarooma Islaamaa 3-xiinxala Islaamaa 4- Falaasama miidhaginaatii fi amala gaarii dha

Baafata

Mata duree

Seensa	4
Rabbi tokkichoomsuun akka ilaalcha tokko kan uumama ibsuutti yoo ilaalamu.....	6
Tokkichummaan Rabbii akka <u>dhuka</u> qaroomatti yoo ibsamu.....	13
Tokkichummaan Rabbii hundee jalqabaa kan falaasama waan uumama duubaan jiruuti.....	21
Tokkichummaan Rabbii bu'uura duraa kan falaasama amala gaariiti.....	24
Tokkichummaan Rabbii bu'uura duraa kan beekumsa Safuu.....	29
Tokkichummaan Rabbii bu'uura duraa kan tokkummaa sabaati.....	33
Tokkichummaan Rabbii burqaa miidhagaa kan jalqabaati.....	36

Seensa

Amantiin Islaamaa dhuka qarooma Islaamaa ta'uu fi dhukni Islaamaa tokkichummaa Rabbii ta'uu ilaalchisee mamiin tokkoolleen hin jiru; Towhiida jechuun Rabbiin guddaan Isumaatu uumaa waan hundaati, tokkicha tokkichummaan isaa hin daangeffamme, kan waa maraa ol ta'e, uumaa waan hundaatii fi goftaa isaaniiti jechuu dhaan iimaana qulqulluu fi gadi fagoo qabaachuu jechuu dha.

Bu'uraaleen hangafaa lamaan kun akka gaaritti ifa bahoodha. Namnummaan kamiyyuu kan qarooma Kanaan walitti hidhata qabu fi isa keessatti waa gumaachee jiru, bu'uura lamaan kana ilaachisee gonkumaayyuu shakkiin isa bira hin babaane. Bu'uraaleen kun shakkiif kan saaxilaman sochiilee mishinarootaa ykn hayyoota warra Dhihaa kanneen waa'ee warra Bahaa qoratani fi namoota biroo kanneen yaroo dhihoo darbe keessatti Islaamummaa hiikaa turan biratti. Muslimoonni sadarkaan beekumsa isaanii haga fedhe gadi bu'aa yoo ta'ellee, qaroomni Islaamaa akka dhuka of keessaa qabuu fi dhukni kuniis kan baratamuu, xiinxalamuu fi ibsamuu danda'u akka ta'e amantii guutuu qabu. Dhukni san tokkichummaa Rabbiiti.¹ Towhidni akka hundee fi bu'uura jalqabaa kan qarooma Islaamaa ta'e ibsuun mata duree yaadannoon kuni irratti xiyyeeffatuu dha.

Tokkichummaan Rabbii, bu'ura qarooma Islaamaa maalummaa isaa gonffachiisu, dameelee isii cufa kan walitti hidhu akka

¹ Dura dhaabbannaan kiyya hayyootan warra dhihaa kan waa'ee warraa bahaa irratti xiyyeeffatan kanneen waa'ee amantiin Islaamaa bu'ura qabaachuu isiirratti mamii uuman ykn bu'urri kun beekamaa ta'uu isaa ykn kan beekuun danda'amu ta'uu isaa, kuniis kan raawwatame barruu mata dureen isii " Bu'ura beekumsa amantii Islaamummaa keessatti" jedhuuni.

jaarmayni boca qabu kan walguutaa/guutamaa/ ta'e kan qarooma jannee waamnu isii irraa uumamuuf. Dameelee adda bittinnooftuu taate tana walitti hidhuuni hundeen qaroomichaa gadi dhaabbata. Inni niis asitti Towhida- kan dameelee san amala dhunfaa isaaniitiin amaleessu- kana boodaas jaarmaya isii deebisee bifa dameelee biraatiin wal-kiphuu danda'uun ijaaruu fi jaarmayni isiitiis akka itti fufuuf gargaarsa godhuu dha. Dirqamummaan hundichi amaloota dameelee sanii jijjiiruu irratti hin hundaa'u, inumaayyuu isii ni jijjiira qarooma isii irraa akka uumuu fi bifa isii haaraya kan qarooma san uumu isii kennuudhan. Sadarkaa hariiroo hundeetii fi damee kan garagaraatii fi hojiilee isii irratti hundaa'uudhan sadarkaan hundee fi damee jidduu jiru waldhabaadha. Sammuu Muslimootaa kanneen mullatoowwan haaraya qaroomicha faana dhawan keessatti hariiroon tun mullattee turte; kanumaan Towhida mata duree qorannoolee isaanii kan akkaan barbaachisuu godhatan, mata dureelee biraa cufa isiitu mata duree tana jalatti walitti qaban. Tokkichummaa Rabbii akka bu'uura jalqabaa barbaachisaa tokkoo, kan bu'uuraalee hunda of keessatti haammatu ykn hogganuutti ilaalu; akkuma san burqaa duraa ykn madda jalqabaa kan hunda mallatoowwan haaraya qarooma Islaamaa hoogganuu tokkootti isa ilaalu.

Towhidni jecha salphaa wal-irraa dhaalamaa ta'een yoo ibsamu "Rabbii tokko malee Rabbiin biraa hin jiru" jedhanii dhugoomsuu fi ragaa bahuu dha. Jechi bifa waakkannaatiin jiru kun, kan akka malee ykn gar malee gabaabfamaa ta'e, walii gala amantii Islaamaa keessatti hiika hunda ol guddaatii fi gadi fagoo ta'e of keessaa qaba. Tarii hima tokko keessatti beekumsi guutuun ykn

qaroomni guutuun ykn waliigalli seenaa walitti qabamuu danda'a. Akka ilaalcha Islaamaatti, kunis dhugumaan waan "dhugoomsuun" ykn "ragicha" keessatti arginuu dha. Wantooni Islaamummaa keessa jiran kanneen akka adda addummaa, soorummaa, seenaa, aadaa, beekumsaa, qaroomaa fi hayyummaa jecha garmalee gabaabduu taate " Rabbii tokko malee Rabbiin biraa hin jiru" jedhu kana keessatti hammatamti.

Rabbi Tokkichoomsuun akka Ilaalcha Tokkoo kan Uumama Ibsuutti Yoo Ilaalamu

Towhidni ilaalcha walii galaa kan argama, dhugaa, addunyaa, yeroo, iddoo fi seenaa dhala namaa irratti xiyyeeffatuu dha. Hiika kanaan bu'uraalee Kanaan gadiiti of keessaa qaba. Isaaniis: -

Rog-lamummaa

Argamni gosa lama kan adda ta'e, Rabbii fi waan Isa malee jiru; uumaa fi uumama. Sadarkaa tokkoffaa irratti, Inni tokkicha tokko ta'e, kan Isa malee wanni tokkolleen hi turini, Inni Rabbii tokkicha kan danddeettiin isaa hin daangeyfamne. Isuma qofaatu Rabbii dhugaati, jireenyi isaa bakka itti dhaabbatu hin qabu, wanni takkaalleen Isatti hin dhaqqabdu, fakkaataa tokkollee hin qabu, zalaalam jiraata, tokkicha tokkummaan Isaa hin daangeffamne, hiriyyootaa fi gargaartotaas hin qabu. Sadarkaa lammaffaa irratti iddoo -yeroo, addunyaa fi uumamaatu argama. Isiin uumama hunda, wantoota, biqiloota, bineensota, nama, jinnii, malaa'ikoota, samii, dachee, jannata, ibiddaa fi waan isaannan kanneen erga uumamani isaan qunname hunda of keessatti hammatti. Sadarkaan lamaan uumaa fi uumama of keessaa qabu kun, walddhabbii gadi fagooti qaba, kuniis karaa

amala argama isaaniitiin, akkaataa uumama isaaniitiini fi kallattii adeemsa isaaniitiin yoo ilaallu. Wantoonni lama walitti dhufanii tokko ta'uun, yookiin walitti baquun, walkeessa galuun ykn walkeessa faca'uun Yoomiyyuu waan hin malle. Uumaan qabatamaan/argamaan/ gara uumamaatti jijjiiramuun waan hin mijjoofne, akkasumaas uumamni gara uumaatti ol-guddachuun akkaatuma kamiinuu hin malu. ²

Dandeettii Hubannoo

Argamicha irra hariiroon sadarkaa lamaan jidduu jiru uumamumaanuu hariiroo hubannooti. Gara ilma namaatiin yoo ilaallu danddeettii hubannootii walitti hidhata qabdi. Hubannoon

² Waa'ee kanaa ilaalchisee, towhidni adeemsa suufiyyuummaa fi garii amantii Hinduutiin waldhaba. **Akka** ilaalcha kanaatti, argamni uumamaa uumaa keessatti baqa, uumaa dhugaa tokkoo fi argama tokko ta'a. Akka ilaalcha kanaatti wanni qabatamaan argamu/ mullatu Rabbi malee hin jiru. Wanti hundi abjuu dha; argamni isaatiis dhugaa miti. Towhidni ilaalchota warra Misrii, Griiki fi Taaywiyyoota durii kan ilaalcha Hiduutiin guutumaan guututti wal-faallessa. Yaadni warra sanii uumaan gara uumamaatti baqa. Akka ilaalcha waarra Masrii duriitti, Rabbiin dhugaa Fira'owna, daraaraa citaa magariisaa kan yeroo badheessaa bahu, laga Abbaayaa bishaanii fi lafa isaatiin wajji, fi aduu ho'a isiitii fi ifaa isiiti. Akka warra Griik-Roomitti, Rabbiin argama tokko kan argamoowwan dhala namaa ykn ilma namaati, gama tokkoon ilmi namaa sadarkaa uumamaa olii irra gaya, gama biraatiiniis iccitii uumamaa numa qaba. Yaanni lamaanu uumaan uumamaa waliin walitti makamuu dha agarsiisa. Dhiibbaa qeesonni taasisaniin Kiristaanummaan towhida irraa of adda baaftte, Rabbiin suuraa isaa lyyasuus keessa godhe jechuudhaan; boodarra Rabbummaanuu lyyasuusi jechuu irra ga'an. Kana irratti Islaamummaan ilaalcha adda isii taasisu qabdi, inni niis, garlamummaa hin daangeyfamnee fi garaa garummaan gadi fagoo uumaa fi uumama jiddutti jiraachuu dha. Ejjanoo cimaa fi ifa bahaa kana waa'ee ol'antummaa Rabbii irratti qabaachuudhaani Islaamummaan firii dhaalmaya nabiyyummaa caalaa taate. Akka waarra bahaa (Hindii) tti uumama hin waakkanne; akkasumaas akka warra dhihaa (Griikii fi Misraa durii) tti uumaa hin waakkanne, garuu yiddu gala irratti argamti.

xurree beekumsaatii fi caayaa isaa ta'uun, hubannoon hundee sullama beekumsaa kanneen akka qaroo sammuu, yaada sammuu bocuu, yaada xiinxaluu, taajjabuu, qalbifannaa, dandeettii yaada kuufachuu fi kanneen kana fakkaatan of keessatti hammata. Ilmi namaa hundinuu dandeettii hubannaa ni qaba. Dandeettiin tuni jabeenya tokko kan waan Rabbiin dirqama godhe, tokkoo karaa lamaaniitiin ykn karaa lameeniinuu hubatani: - jechoota kallattiin Rabbi irraa gara namaatti dhufeen ibsamuu fi uumaa isaa taajjabuun yeroo dirqamootni waaqaa saaqamaniidha. ³

Galmummaa

Amalli uumamaa jalqabumaanuu kaayyeeffama, bu'aaf uumame jechuu dha. Innis kaayyoo uumaa dhaa galmaan gayuu dha. Kuniis kan ta'u hamilee bu'ureeffachuuni. Kanumaafuu, addunyaan tuni laayyoof ykn taphaaf⁴ hin uumamne. Inni waan tasuma as ba'ee miti, biyyi lafaa kun boca guutuu isaan maluu wajjin uumame. Hundi argamaa hamma isaa tiini uumame,

³ Bu'urri kun adda addummaa Rabbi fi ilma namaa jidduu jiru agarsiisa. Akkasu maas isaan lamaanu haaluma kamiinuu tokko akka hin taane, karaa qaaman tokko ta'uuniis ta'ee gara waaqa godhachuun ykn walitti makamuuniis haa ta'uu. Garuu walqunnamtiin isaan jidduu jiraachuu hin waakkatu. Kuniis gara ergaa ilma namaatti dabarsuutiin, sammuu dhaan ykn hubannootiini. Fkn ilmi namaa uumama hordofuun maalummaa uumaa ykn Isaa wajji wal qunnamuu danda'a. Adeemsi kuniis adeemsa hubannoo ykn samummaa jedhama. Yaada akkanaa kanaa tu towhida yaadowwaan/ ilaalchowwan biraa kan Roomaanotaa, Griikotaa, Hinduu, Buuziyyootaati fi Kiristaanotaatiin adda isa godha.

⁴ Akkuma Suuraa Al-Imraan Aayata 191 fi Suuraa al-Mu'uminuun Aayata 116 keessatti dubbifnutti.

akkasumaas akka kaayyoo murtooytuu uumameefiin dhaabbatuufi.⁵

Addunyaan tun "uumama" jechuun, uumama sirna qabeessa, osoo "gar-dhabeessa" hin ta'in. Yoomiyyuu fedhiin Rabbii isii keessatti mirkanaawa. Akkasumaas dhawaataan adeemsi isaa barbaachisummaan seera uumamaa akka mullatu godha, maalif jennaan, adeemsowwan dhawaataa kunneen uumamumaan amala wantootaa keessatti argamoo dha. Uumamni tokkolleen kan karaa uumaan isaaf lafa kaayeen ala deemu ykn argamu hin jiru ilma namaatiin ala.⁶ Ilmi namaa uumama addaa tokko, kan wanti uumaan barbaadu isa keessaan mirkanaa'u dha. Kuniis dirqamaan osoo hin ta'in eeyyamuma isaatiini. Hojiiwwan qaamaa fi lubbuu kan ilma namaa, amala uumamaati guuta, kana jechuun dirqama lubbuun isaa akkuma kan uumaalee biraa seeraan hogganamti ykn seera jalatti bulti jechu dha.

Gara biraatiin ammoo, hojiiwwan ruuhiidhaa, kanneen akka hubannoo fi gocha amala garii, daangaa amala uumamaa kan daaggeffamaa ta'een alatti argamti; kana jechuun akkuma amala nama saniiti, murtee isaa jala deemti. Gama ruuhiitin wanti Rabbiin dirqama godhe ilma namaa biratti mirkanaawuun gatii ol'aanaa kan uumama biraa biratti mirkanaa'uu qabuun adda ta'eeti argama. Mirkanaawuun dirqamaa kun gatii wantoota

⁵ Akkuma Suuraa: al-A'araaf Aayata 15; Yuunus Aayata 5; al-Ra'ad Aayata 9; al-Hijri Aayata 29; al-Furqaan Aayata 2; al-Sajdah Aayata 9; Saad Aayata 72; Fusilat Aayata 10; al-Qamar Aayata 49; al-Xalaaq Aayata 3; al-Qiyaamah Aayata lamaan 4 fi 38; Abasa Aayata 19; al-Infixaar Aayata 7; Suuraa al-A'alaal Aayatoota lamaan 2-3 keessatti dubbatametti.

⁶ Suuraa: al-Israa'a Aayata 77; al-Ahzaab Aayata 62; Faaxir Aayata 43; al-Fath Aayata 23; Suraa al-Xalaaq Aayata 3.

meeshaalewwanii ykn bu'a qabeettii waliin qofa kan adeemu, hojiin bilisa ta'e ammoo, gatii amala gaarii waliin walsimata. Wanni Rabbiin amala gaarii irraa bardaaduu fi ajajni Isaa hundeen isaa addunyuma kana irratti argama, kanaafuu gama tokkoon inni bu'aa irratti hundaa'a jechuu dha. Garuu gama kana irra dhaabbannee amala isii kaan irraa adda isii taasisu/ amala gaarii ta'uu issi/ arguu hin dandeenyu. Dirqamoowwan gama hojii irra olchuu fi olchuu dhabuutiin, yoo ilaallu, dhugumatti inni kabajaa nuti wantoota "amala gaarii qabaniif" kenninu nutti mullisa.⁷

Danddeettii Ilma Namaatii fi Eeyyamummaa Amala isaa kan dhalootaa

Wanti hundi kaayyoof uumamuu wajji - waliigaltummaan argamaatiis akkuma jirutti ta'ee-kaayyoo san mirkaneessuun dirqama yeroo fi iddooniis kan mijjaawu ta'uu qaba.⁸ Kun silaa ta'uu baatee mamii irraa gonni seenan hin jiru. Akkasumaas uumamni iddoo fi yaroo hiikaa fi iccitiin ala ta'a ture. Danddeettiin jiraachuu baannaan "dirqamsiisuun" ykn dirqamni

⁷ Jechuun gocha "uumamaan godhamu" akka yaada keenyaatti inni amala gaariidhaan walitti hidhata hin qabu, badhaasaa fi adabbii illee hin qabu. Fakkeenyi gocha akkasii akka hargansuu, bullaa'ina middhaanii garaa keessatti, waan gaarii hojjachuu fi roorroo dirqamsiifamuu faa dha. Kanaan addatti, inni gocha bilisa ta'uun hojjattu, kan feetu dalagdee feetu if irraa dhiiftu ykn dabalataan waan biraa isa cinatti hojjachuu danddeettu.

⁸ Aayatoowwan baa'een kan waa'ee guutommina uumaa Rabbi haasawan kanuma mikaneessan (ibsa dabalataa 1,2 fuula 13 laaluun ni danda'ama) isii kutannoon amala gaarii qabachuu ilma namaatii fi itti gaafatamaa ta'uu isaati agarsiisti. Akeekni gara itti gaafatamummaa ilma namaatti godhame heddu, lakkoofsaan lafa kaayuun ulfaataadha.

amala gaarii qabachuu ni diigama. Diigaminsa kanaan kaayyummaan Rabbiitii fi danddeettiin Isaatiis ni xoolayxi.

Kaayoo waliigalaa mirkaneessuun; sababa Rabbiin uumaa uumeefi jechu, adeemsa seenaa keessatti kan mijjaawu ta'uun dirqama; kan daangaa adeemsa yeroo, uumamaa fi guyyaa galataa jiddutti jiruun daangeeffamu jechu. Dhalli namaa uumamaan amala gaarii qabaachuun kan isa ilaallatu waan ta'eef, lubbuu isaatiin hangafee dhala namaa; jechuun hawaasaa, uumamaa fi naannoo isaa kan jijjiiruu danda'u ta'uu qaba. Kuniis walsimannaan ykn ajajni waaqaa akka isa keessattii fi uumama biraa keessatti argamuufi.⁹ Ilmi namaa kan amala gaariif karoorfame waan ta'eef isaafii, fakkaataan isaatii fi naannoon isaatiis, waan ilmi namaa hoji geggeessaa ta'eef gocha namaa kan asxeysaa ta'e fudhachuu danda'uu qaban. Danddeetiin tun danddeettii namni amala gaariidhaan hojii geggeessuutiin waldhabdi, kuniis **yeroo** ilmi namaa hojii gaggeessaa ta'u. kana ta'uu baannaan danddeettiin ilmi namaa dalagaa gaarii irratti qabu waan hin malle ta'a, akkasumaas amalli karoorummaa uumamaa ni diigama. Ammaas iddoon mamii irraa itti dheessan hin jiru.

Akka uumamni kaayyoo qabaatuuf- kuni tilmaama barbaachisaadha- inni niis Rabbiin Isumaatu Uumaa dhugaati, hojiin Isaatiis taphaa miti- uumamni eeyyamaa (dirqamsiifamuun alatti tole jechuun), kan jijjiirama fudhatu, kan bu'ura isaa, jaarmaya isaa, haalowwan isaatii fi hariiroolee isaa jijjiiruu danda'u ta'uu qaba; kuniis akka uumamni walsimatee mullatuufi

⁹ Aayatoowwan armaan gadii ergaa uumamni biraa ilmaan namaatiif ajajamaa ta'uu isaa agarsiiftu of keessaa qabdi. Isaaniis: - Suuraa al-Ra'ad Aayata 2; Ibraahiim 32-33; al-Nahal 12, 14; al-Hajji 36-37, 65; al-Ankabut 61; Luqmaan 20, 29; Faxir 14; Sad 18; al-Zumar 5; al-Zukhruf 13; Suuraa al-Jaasiyaa Aayata 11-12.

ykn kaayyoon dhala namaa akka mirkaanaa'uuf ykn qabatama argatuufi. Dhugaan kun uumama cufa of keessatti hammata. Akka sumaas amala ilma namaa kan qaamaa, xi-sammuu fi lubbuutiis of keessaa qaba. Uumamni hunduu waan argamuu qabu argamsiisuu irratti dandeettii qaba; kana jechuun waan Rabbiin uumama isaa irraa barbaadu ykn walsimachiisuu Isaa guutuu iddichaa fi yericha keessatti argamu jechu.¹⁰

Itti Gaafatamummaa fi Gaafatamummaa

Ilmi namaa dirqama mataa isaa, hawaasa fi naannoo isaa jijjiiruutiin yoo kan uumame ta'e, akka isiin hundinuu caasaa Rabbiin irratti uumeen walsimattee deemtuuf, kana raawwachuun irrattiis dandeettii qabaate, hoggaa gochi isaa hundi kan eeyyama isaa irratti hundeeffame ta'e, akkasumaas gocha san sirnaan raawwachuun kan danda'u ta'ee fi kaayyoo uumameef mullisuu danda'e, mamii tokko malee kana irraa ilma namaa akka itti gaafatamummaa qabu hubachuun ni danda'ama. Amala gaarii murannoon qabatanii deemuun itti gaafatamummaa fi gaafatamaa ta'uun alatti waan hin malle.

Waan ilma namaa kun hojiilee isaa keessatti itti gaafatamaa ykn maadaalamaa hin ta'iniin yoomiyyuu mamii jalaa bahuun hin danda'amu. Gaafatamaa ta'uu ykn itti gaafatamummaa mullisuun ulaagaa bu'uuraati, murannoon amala gaarii qabachuuf ykn amala gaarii murannoon akka qabatan taasisuuf. Innis kan burqu amala "madaalamummaa"¹¹ irraahi. Wanti barbaachisaan madaalliin

¹⁰ Qur'aana keessatti iddoolee hedduuti waa'een amala gaarii kutannoon qabachuun dubbatamee jira.

¹¹ Aayatoonni waa'ee guyyaa gaafii dubbatan hedduu dha, cufa isaanii lakkaawuun amma nun barbaachisu, akka fakkeenaa Aayatoota akka: -" *Sa ilma namaa kun*

osoo iddoo-yeroo kam keessatti/ xumura/ tokkoo isaan lamaanii ykn isaan lamaaniiituu hin janne argamuu dha. Ajaja Rabbii tole jechuun, dirqama Isaatiin dhaabbachuunii fi walitti dhufeenya uumama Isaa mirkaneessuun, milkii, gammachuu fi badhaadhina gonfachuu dha agarsiisa. Faallaan kanaa; ajaja Isaa diduu jechuu dha, adabbii, rakkina, hoongawinsaa fi laalaalee hoonggootiif nama saaxila.

Tokkichummaan Rabbii Bu'uura Qaroomaa Ta'uu isaa
Tokkichummaan Rabbii akka hundee qaroomaatti yoo ilaalamu, roga lama qaba: - tooftaa adeemsaatii fi qabiyyeeti. Rogni duraa akkaataa bu'uraaleen jalqabaa kan qaroomaa itti hojjatuu fi hojii irra itti oolu agarsiisa, rogni lammataatiis bu'uraalee dhuma san agarsiisa.

Roga Tooftaa Adeemsaa

Rogni kun bu'ura sadi of keessaa qaba. Isaaniis: - tokkummaa, qarummaa fi wal-danda'uu dha. Mullanni qarooma Islaamaa bu'uroowwan kanaani daaggeffama, jaarmaya isaa guutuu keessaas, kanumaatu wal-ga'ee jira.

Tokkummaa: -

Addunyaa kana irra qaroomni tokkummaan malee argame hin jiru. Wantoonni (miseensonni) qarooma tokkoof bu'ura ta'an yoo tokko, wal-fudhataa fi wal-simataa hin ta'in, qarooma kamiyyuu

gaafii takka malee bilaashumatti kan dhiifamu sehaa" al-Qiyaamah-36. "Eegasii isaan gaafachuun keenya waan hin oolle" al-Ghaashiyah- 26. " Namni warra haqaa cinaa dhaabbatu, badhaasa isaanii irraa qooda qaba, akkuma san namni warra badii deeggaru adabbii isaanii irraa inni niis qooda qaba, Rabbiin waan hunda dandayaa fi too'ataa dha." al-Nisaa'a-85.

uumuu hin danda'an, garuu tuulaa makaa gosa gosaa qabdu taati malee. Dirqama bu'urri tokko kan miseensota jaarmayaa kana tokko taasisuu fi walitti qabatu jiraachuu qaba. Bu'urri akkanaa kun miseesonni jaarmayaa akka bu'aa isaanii kennanii jaarmaya jabaa sadarkaan wal-caalinsaatii fi barbaachisummaa adda addummaan keessatti mullatu uumu. Qaroomni Islaamaa miseensota jaarmayaa kana akka isaan jaarmaya jabaa tokko ta'an goodha, akkasumaas argama isaatii fi walidhufeenya isaa akka walsimataniis takka ta'anitti kaaya. Miseensotni tun burqaa keessaa ykn alaa irraa dhufuu dandeessi.

Qabatama irratti hundaa'uun, qaroomni kamiyyuu kan qarooma biraa irraa waa hin fudhatin hin jiru, garuu wanti murteessaan qaroomni kun waan fudhate san kan isaatti makuu dha. Jechuun, Jaarmaya isaatii fi walitti dhufeenya isaa haarayoomsuu hanga jaarmaya isaa kan adda ta'een walfakkaattutti. Waantoota fudhatame san bifa adda ta'e kanaan qarooma kee keessa galchuun dhugaa dubbachuuf qabatama ykn mullata haaraya tokko uumuu dha. Kuniis kan ta'uu qabu, hanga wantoonni fudhataman san bifa of danda'aa ta'een ykn maxxanaa ta'een hin mullannetti, garuu takkoo miseenssa qaama jaarmaya haarayaa ta'anii mullatanitti.

Qaroomni kamiyyuu amala kana qabaachuun isaa waan isa fokkisuu miti, garuu waan qarooma biraa irraa fudhatuu qofti, waan saniis akka wal hin simannetti kaayyuu, jaarmaya isaa haarayoosuu dhabuun ykn akka waan kana simatu ykn of fakkeessu godhuu dhabuun fokkisa/hamaa/ dha. Kana ta'uu baannaan, wanni fudhatamu san maqumaaf argama malee bu'aa haaraya tokkollee buusuu fi walitti dhufeenya tokkollee hin qabu.

Yoo qaroomni tokko waan fudhate kana gara kan isaatti jijjiiree kan ofii fakkeessee jaarmaya isaa keessa kaayuu keessatti milkaa'e, adeemsi kun akka ragaa tokkooti ta'a, guddina qarooma kanaa, sochii qabaachuu isaatii fi miidhagaa ta'uu isaa irratti. Qaroomni guutamaan kamiyyuu, kan Islaamaa fakkeenya godhannee, wantoonni inni iraa ijaaramu marti, tan mullattu, dhokottuu ykn tan walitti dhufeenya qabdu taatuu, bu'uura cimaa tokko irratti jaaramti. Akka qarooma Islaamaatti bu'uurri san tokkichummaa Rabbiiti, inni niis madaalli bu'uuraati nama Muslimaa tokkoof, akkasumaas ragaa fi madaallii isaati warreen amantiilee fi qarooma biraa qaban if irraa dhoorkuu dhaaf. Kana malees dhugaalee jiruu fi haaloowwan haaraya yerootiin wajjiin deemuuf ragaadha. Waan bu'ura kanaa waliin waliigalu fudhatanii jala deemuun barbaachisa, waan kanaa waliin waliif hin galle didanii balaalleffachuuniis dirqama.

Towhidni, hundeen tokkichummaa Rabbii kan waliigalaa, ol'antummaa isaatii fi kaayyummaa isaa, Rabbiin tokkichi isumaatu gabbarinsaa fi dhagayamuu haqa godhata jechuu dha agarsiisa. Kaayyoo Rabbii tana dhugoomsuuf, ilmi namaa kan ajaja Isaa godhu akkaataa qajeelfama bu'ura kanaatti jiraata, akkasu maas gochoowwan isaa akka bu'ura kanaan walfudhataniif tattaafata. Sammuun isaatii fi fedhiin isaa tokkoomuu irratti ragaa ta'uu qaba, kuniis kaayyoo addaa kan inni gochoowwan isaa keessatti akka argamuuf xaaruu qabu. Danta dhabeeyyummaan jireenyi isaa kan taateewwan adda addaatiin guutame ta'uu hin qabu, garuu bu'ura tokko kan waliigalaa kan caayaa takkaa fi tokkummaa takka jalatti walitti isa qabuu waliin hidhata qabaachuu qaba. Yoo kana ta'e, jireenyi isaa jireenya

karaa tokko irra deemuu fi bifa guutuu qabu ta'a- inni niis amantii Islaamaati.

Qarummaa: -

Qarummaan dhaabowwan qarooma Islaamaa irraa isa tokko, tooftaa bu'ura adeemsaa waan ta'eef. Inni niis qajeelfamoota/bu'uralee/ sadi irratti bu'ureeffama: - tokkoffaan, waan qabatamaan wal hin simanne didu. Lammaffaan, waldiddaa daangaa hin qabne waakkachu. Sadaffaan, ragaa haaraya ykn yaada faallaa fudhachuuf sammuu tee qophaawu. Qajeelfamni tokkoffaa namni Muslimaa tokko akka yaada "bir'uu" keessatti hin kufne isa tiissa. Yaada tokko ragaa ykn qabatamaan maletti niin beekaa dhaan haasawu irraa jechu. Qur'aanni kabajamaan beekumsa mirkanii hin qabne "bir'uu" jechuun ykn beekumsa dogoggorsaa, waan salphaaf ta'ullee, Rabbiin dhoorke, jedhee ifaan ifatti ibse.¹² Kanumaaf namni Muslimaa tokko nama dhugaan ala cubbuu hin himanne jedhamee ibsama.

Qajeelfamni lammaffaa, namni Muslimaa akka gama tokkoon waldiiginsa salphaa fi gama kaaniin waldiiginsa mullataa keessatti hin kufne tiissa.¹³ Qaruuxummaan, sammuutu wahyii caala jechuu osoo hin ta'in, uumamaan isaan lamaanuu wal hin faalleysan jechu.¹⁴ Qarummaan yaadowwan walfaallaa kan

¹² Rabbiin ilma nama hiriyyoota isaa bir'achuu irraa dhoowwe; Suuraa al-Nisaa, Aayata 156. al-An'aam 115 fi 148. Yuunus 6 fi 26. al-Hujuraat 12. al-Najmi 23 fi 28.

¹³ Jecha Giriikii kana jechi Arabiffaa kan isa bakka bu'u hin jiru, inni kan mullisaa jiru garaa garummaa yaada lamaan jidduu jiru akkaataa afaan lameeniitti. Jechi Giriikotaa kun bu'ura amantaa Kiristiyaanaa kan qarummaa malee san agarsiisa.

¹⁴ Warri falaasamaa yeroo himannaa warra amantii irratti murtii laatan sammuuif sadarkaa wahyii caaltu kennan, kuniis waan sammuu wahyii caala jedhanii amana niifi. Mamii tokko malee yaada isaanii kana keessatti dogoggoranii jiru. Shakkii malee hayyuun Muslimaa sammuu bifa adda ta'een hiikuu fi hiikkaa sanaas iyyannaalee

dhihaatan irratti xiyyeeffata, wanni dogoggoraan bira kutame yoo jiraate yaada jedhuun irra deddeebiin ilaala, wanni saniis kan osoo xiyyeeffanna argatee hariiroo waldhabinsa dirretti baasuu danda'u. Akkuma san qarummaan hiikaa wahyii-wahyii qofaa miti- gara hiika biraatti akka ce'u gooti. Akka wanni ifa hin ba'in tokko hin argamneef, kanaafuu irra deebi'anii ilaaluun waan nama irraa hubannoon isaa dhokote tokko mullifti. Gara sammuu koluun/baqatuun/ kun ykn walsimannaa kana hubachuun akkaataa wahyii qofa osoo hin ta'in-wahyiin ittiin taphachuu dhaa oli- inumaatu gara sadarkaa hiikkaa ykn hubannaa dhalli namaa isaaf qabuutti nama muslimaa biratti nama geessa. Hubannaa namni Muslimaa wahyii irratti qabu akka waan inni sammuu dhahan abuuree waliin walsimatu godha. Waan waldhabaa ykn sirrii ta'uun isaa shakkame dhibbaan dhibatti sirrii jedhanii fudhachun nama sammuu isaa totorra'e malee hin hawwatu. Muslimni qaruuxeen sammuu isaatiin qaceelfama; burqaan lamaan dhugaa: -wahyii fi sammuu niis tokko jedheeti amana.

Qajeelfamni sadaffaa, ragaalee haaraya fi yaadowwan faallaa fudhachuu kan of keessaa qabu. Inni nama Muslimaa yaada waraabuu, yaada ofii deeggaruu, gara yaada ofii goruu fi hoodannaa isaa qancarsu irraa isa tiissa. Akkasumaas of gadi qabinsa xin-yaadaatti isa geessa; waakkatinsa fi mirkaneessuu keessattiis beekumsa guutuu gara Rabbiitti akka deebisu isa

birootiif bu'urummaan itti fayyadamuu danda'a. hiikkaa lamaan irraa kamtu sirrii dha jedhanii gaafiilee kaasuu ni danda'ama, kuniis waa'ee walidhufeenya falaasamaatii fi fudhatamummaa- inumaayyuu caalmaya- hiikkaa Islaamaa irratti. Hiikni asii qabnu, qarummaan ofumaaf of faalleessuu dura dhaabbachu, inni niis bu'aa dabalataati dhaalmaya warra qajeelaa darbeee itti fufsiisuuf.

godha. Kuniis waan namni Muslimaa dhugaa guutumaan guututti beekuun ni ulfaata jedhee amanuufi.

Towhidni akkuma tokkichummaa Rabbii tan daangaa hin qabne gadi jabeessu san tokkichummaa dhugaatiis gadi jabeessa. Akka amantaa Islaamaatti Rabbiin isuma qofaatu dhugaa dha. Tokkichummaan Isaa tokkichummaa burqaa dhugaati. Rabbiin uumaa uumama namni beekumsa irraa burqisiifatuuti. Kaayyoon beekumsaa walfudhatinsa uumama Rabbi tolcheeti. Rabbiin walfudhatinsa san beekuun isaa mamii hin qabu, waan inni uumama Isaa akkasumaas burqaa wahyii ta'eef. Rabbiin beekumsa isaa irraa ilma namaatiif kenna, beekumsi isaa daangeffamaa mitii bal'aa dha. Rabbiin gantuu ykn dallaaltuu miti kan karaa qajeelaa irraa nama maysuu karoorfatuuf. Murtiin Rabbii akka namni murtii isaa yeroo dhaan yerotti fooyyeffatu fi yaada isaa ykn murtiilee isaa sirreeffatutti hin jijijiiramu. Rabbiin hin dogoggoru, osoo dogoggoree waaqa Islaamaa ol'aanaa hin ta'u.

Waldanda'uu: -

Waldanda'uun akka tooftaa bu'uraa tokkootti yoo ilaalamu waan jiru haga dogongora ta'uun isaa mirkana'utti fudhachuu argisiisa. Inni hiika kanaan yaad-rimee beekumsaatiin walitti dhufeenya qaba. Bu'ura waan barbaadamu fudhachuu fi wanni barbaadamu san dogongora taanaan dhiisuu dha jedhu kanaan yaada falaasama amala gaariitiin walitti dhufu of keessaa qaba.¹⁵ Haalli tokkoffaa

¹⁵ Ragaan kanaa Aayatoota waa'ee haraameysuu akkaataa xiinxaltu keessatti argama, fakkeenyaaf, Aayata Suuraa al-Maa'idaa 90. Al-A'araaf, 13. Al-Tahriim 1. Akkasumaas bu'ura Sharii'aa haadhoo kan irratti waliigalame "ragaan maletti haraameysuun hin ta'u" kan jedhu keessaa fi Aayata (*Rabbiin waan isin irratti dhoorkaa ta'e hunda isiniif adda baase*) jettu tan Suuraa al-An'aam, 119 fi 153 keessattis ni argama.

"bal'inaan" yoo waamamtu haalli lammaffaa "laafina" jedhamtee waamamti. Isaan lamaanuu akka Muslimni yaada addunyaa irraa samuu isaa hin cufannee fi hoodannaa galaafattuu jala hin gorre gooti. Isaan lamaanuu akka inni jireenya haara'aa fi muuxannoo haara'a fudhatuuf isa kakaafti.

Isaan lamaanuu waan qabatamaa haaraya sammuun madaaluunii fi tattaaffii ijaaraa irratti hundaa'uun akka fudhatu isa jajjabeessan of keessaa qaban; kanaani jireenya isaatii fi muuxannoo isaa fooyyessa, akkasuma beekumsa isaatii fi qarooma isaa gara fuula duraatti tarkaaffachiisa.

Waldanda'uun akka tooftaa bu'uraa kan hundee qarooma Islaamaa tokkootti yoo ilaalamu, Rabbiin ilmaan namaa kana osoo ergamaa tokkichummaa Isaa, Isa gabbaruu fi ajaja Isaa godhuu isaan barsiisu isaanitti hin ergin hin dhiifne, ergaa jedhu of keessaa qaba.¹⁶ Akkuma san hamtuu fi sababoowwan isii irraa isa akeekkachiisa.¹⁷ Waa'ee kanaa ilaalchisee, waldanda'uun ergaa ilmi namaa cuftinuu uumamumaan dandeettii hubannaa kan akka inni amantii sirrii dhaa beekuu fi ajajoowwan Rabbii adda baafatu isa godhu qaba jedhu of keessaa qaba/ dabarsa. Waldanda'uu jechuun, garaa garummaan amantiiwwanii burqaan isaa seenaadhaa fi wantoota dhiibbaa qaban kan isa keessatti argaman, haaldureewwan iddoo fi yeroo kan adda addaatiif fi wantoota inni of keessatti haammate kanneen akka wal-

¹⁶ Suuraa: - AL-An'aam, 42; Yuusuf 109; al-Ra'ad 40; Ibrahiim 3; al-Hajji 9; al-Nahal 43; al-Israa'a 77; al-Anbiyaa'a 7 fi 25; al-Mu'uminuun 44, al-Furqaan 20; al-Ruum 47; al-Saaffat 72 fi Aayata Suuraa al-Ghaafir 70 keessa ilaaluun ni danda'ama.

¹⁷ Suuraa al-Nisaa'a, Aayata 162 fi Faaxir 23; (*Nuti yaa Nabi Muhammed siin duratti ergamaa tokkollee hin ergine, osoo ergaa Rabbiin Ana malee hin jiruu Anuma qofa gabbaraa jettu hin buusin*) al-Anbiyaa'a 25.

gargaaruu, waliif nahuutii fi bu'aalee itti amanuu dhaan fudhachu. Garaa garummaa amantiilee kanaan alatti, amantii sirriitu jira, isiin amantii Rabbii ta jalqabaati, tan ilmi namaa hundi osoo amantii tana ykn taan hordofuu hin amaleeffatin irratti dhalate. Akka ergaa jalqabaa tan Rabbiin ergamtoota hunda iddoo fi yeroo adda addaatti akka isii galmaan gayaniif erge adda baafatuuf, waldanda'uun nama Muslima akka inni seenaa amantiilee qorachuuf of kopheessu isa irraa barbaaddi.¹⁸

Gara amantiitiin- walidhufeenya ilma namaatti xiyyeeffachuu ilaalchisee kan wanti isa caalu hin jirre- waldanda'uun waldura dhaabbannaa fi walbalaaleffannaa amantiilee gara garaa jidduu jiru gara qorannoo barnootaa tan jalqabaa fi fooyya'insa amantiilee irratti walgargaaruu dhaan xiyyeeffattuutti jijjiira; kuniis kan barbaachisu, agarsiiftuulee bu'uraa tan wahyii irra dhaabbachuun kuusaa seenaa tan dogongora qabdu adda baasuufi. Gara amala gaarii, kan barbaachisummaan isaa sadarkaa lammaffaa irratti argamuutiin, "laaffisuun" gaachena nama muslimaa, kan yaada jiruu waakkatu, abdii jireenyaa kan fayyaa fi madaalli eeggachuuf ooluuf xiyyeeffannaa xinno kennu akkasumaas kan wantootaaf madaallii isaanii hin kennine dura dhaabbachuuf. Rakkoollee fi balaaleen adda addaa tan jireenya ilma namaa dukkaneessitu jiraachuu wajji, Rabbiin uumaa Isaa (*Rakkoo faana ballootu jiraani*) tasgabbeessa, ¹⁹ akkuma san Rabbiin ilma namaa akka kadhaa isaa hunda osoo hin hubatin murtii irratti hin goone ajaja, ²⁰ dubbii Rabbii faalleysuu dhabuuf

¹⁸ Suuraa al-Ruum, Aayata 30.

¹⁹ Suuraa al-Sharh, Aayata 6.

²⁰ Al-Hujuraat, Aayata 7.

jecha, hayyoonni Fiqhi hammeenya fi tolinsa waan tokkoo irratti murtii laachuun dura yaalii filatan.

Towhidni waan bu'ura falaasama amala garii ta'eef, ballinaa fi laafinsi kallatumaan isa irraa burqa. Rabbiin ilma namaa kana uume akka inni waan tokko hojjachuu haqa godhatu, akka inni hojii ba'eessa/toltuu/ hojjatuu fi sochii dammaqinsaa biyya lafaa kana irratti taasisuuf bilisummaa fi dandeettii kenneefi. Amantaan Islaamaatiis isa kana akka sababa argama ilma namaatitti ilaala.

Roga Qabiyyee

Towhidni Bu'ura Duraa kan Falaasama waan Uumama

Duuba Jiruuti

Rabbi tokkicha malee Rabbiin biraa akka hin jirre ragaa bahuun, Rabbuma qofa kan uumaa hunda uumee argama isaa kenneef, Isumaatu sababa ta'e argama taatewwaniitii fi xumura isaaniiitiifiis, Inni durumaan jiraa jalqaba hin qabu jettee amanu. Fedhii fi itti amanuun akkasumaas qabiyyee isii gadi fageenyaan hubachuun ragaa tanaa, gara hubannoo wantoonni nuun marsanii fi taatewwan nurra naannawan hundi, wantoonni dirreelee uumamaa, hawaasummaa fi xin-sammuu hunda keessa yaa'an hojii Rabbii keessaa tokko, kaayyoolee Isaa keessaa kaayyoo takka galmaan gayuufi socho'an jedhutti nama geessa. Yoggaa hubannaan kun hojii irra oole ilmi namaa amala lammaaffaati argata, inniis haga inni of beeku isa irraa adda hin bayu; jireenyi ilma namaa hundi caayaa hubannaa kanaa jalatti ta'a. ilmi namaa yeroo dubbii Rabbiitii fi gocha Rabbii taatewwanii fi wantoota hunda keessatti adda baafachuu eegale, kaka'umsa Waaqa biraa dhufe hordofa.

Kaka'umsa kana uumama keessatti taajjabuun barnoota uumamaa shaakaluu dha.²¹ Kaka'umsi waaqaa kan uumama keessaa waani seera dhaabbataa Rabbiin isaaf kenne ta'eefi.²² Kaka'umsa Waaqaa ilma namaa ykn hawaasa isaa keessatti taajjabuun barnoota namummaa ykn hawaasummaa shaakaluu dha.²³ Dhugumaan ilaaluun, yoo uumamni hundi bu'aa seerota kanneen uumama keessatti hojii irratti olchuu irraa kan dhufe ta'e; waan isiin ajajoowwanii fi fedhii Rabbii taateef, namni muslimaa uumama kana akka waltajjii ajaja Rabbiitiin socha'uu tokkotti ilaala. Waltajichaa fi qabiyyeelee isaatiis haaluma kanaan hiikuun ni danda'ama. Kanumaafuu hiikkaan tokkichummaa Rabbii, isumaatu sababa argama hundaati, Isa malee sababeysaan hin jiru. Kuniis dirqama yaada humna Rabbii malee humniti biraa cimtuun, tan kaka'umsa jalqabaa kan seerota uumamaa dhaabbataa of keessa qabu qabdu uumama kana keessatti hin jirtu jedhutti nu geessa. Yaanni kuniis yeroo mara kaka'umsa

²¹ Barnoonni waa'ee uumamaa qoratu erga yaada taateewwan uumamaa yeroo mara seeruma dhaabbataa hordofu jedhu fudhateen booda fooyya'uu eegale. Kuni gumaachuma Islaamummaan barnoonni uumamaa akka hordofoota isaa giddutti fooyya'uu fi baballatuuf godhe. Kutannoon amantaa Islaamaa kan uumamni akka ajaja Rabbiitiin ijaaramuuf taasise, utubaan barnootaa akka gadi fageenyaan dhaabbatuuf haala barbaachisaa **mijjeesseera**. Garuu yaanni kanaan faallaa kan uumamni dhaabataa miti, isiin adeemsa gocha waaqaa keessatti tasuma argamu kan duruma isa keessatti mullatu ykn humna falaatu isa too'ata jedhu, yaada tasuma barnootatti nama hin geessine.

²² Barnoota seenaa kan taatee murtooftu takka qoratu, kan tokko tokkotti wantoota taateen san irraa uumamte xiinxaluu fi hariiroolee isaanii madaaluun addatti, barnoonni uumamaa amalaa fi seera walii galaa kan ibsowwan gosa murtaawaa tokko hundaan walsimatutti xiyyeeffata.

²³ Yaanni kun barnoota hawaasummaatii fi namummaatiin waliif galtee qaba. Kaayyoon isaatiis seerowwan amala ilma namaa garee fi dhunfattiis hoogganan argamsiisuu dha.

uumamaa humna takkittii malee humniti biraa tan akka dhamaasuu, gowwomsuu fi hafuura hamaa ykn riphxuu hamtuu tan tasuma adeemsa uumamaa keessa galtu gara kamiyyuu akka hin jirre waakkachuu agarsiisa. Kanaafuu towhidni amala qulqullina uumama irraa fuudhanii amala isaan malu kennuufiitu seera yaada jedhu agarsiisa. Kana irraa ka'uun bifuma waliigala ta'een towhidni ulaagaa jalqabaa tan barnoota uumamaa ta'e.

Amantiilee durii keessatti adda ba'insi uumamaa waaqaa fi ruhiilee irraa gara towhidaatiin dhufe. Sababaa towhidaatiin qaroon amantii seenaa gootummaa hojjachuu danda'e. yeroo duraatiif dandeettii xurree isaa saaqqachuu argate. Akkuma san barnoonni uumamaatii fi qaroomaa kan guutumaan guututti walitti hidhata uumamaa fi qulqulleeffamaa jiddu jiru dura dhaabbattu, eebba ilaalcha amantii kan addunyaa kanaaf hiikkaa kennan fooyya'uu danda'ee jira.

Towhidni oduu duriitii fi shekko sheekkoon adda, jarri lamaan barnoota uumamaatii fi qaroomaatiif diina; towhidni luugama sababaa hunda gara Rabbiiti deebisa malee gara humna dhokottuu takkaatti hin deebisu. Kanuma keessa humniti sababaa jabduun wanta ykn taatee takka keessatti jaaramaa dhufti, akka luugama itti fufaa kutaalee isaa cufa gara sababaatiin eegasii muuxannoon walitti hiitu taatuuf. Xumura irratti haanni kun gara Rabbiitti booda aana, dubbiin kun akka humni alaa tokkolleen waa'ee humna sababaa hojjitti hiikuu ykn hagam takka hojjataa keessa hin galle godha. Kuniis gama isaatiin jalqaba irratti yaada wanti qaamolee isaa walitti hidhu kan sababaa ta'uu qaba, akkasumaas qorannoon jalqabaa osoo hin murteessineen duratti irratti geggeeyfamuu qaba jedhu dhiheessa. Seerotni uumamaa

qindoomina Rabbii kan hiriyyaa hin qabne ta'uun isaa, Rabbiin luugama uumamaa sababoota keessaan too'ata jechuu argisiisa. Sababni sababeessaa biroo irraa dhufe yoo jiraate malee qindoomina tokkollee uumuun hin danda'amu; yaroo mara amalootuma kana qaba. Sababni waan yeroo mara jiru ta'uun isaa, dhugumaan waan akka inni qoratamuu fi abuurramuu eegasii baratamuu danda'u isa taasisuu dha. Barnoota jechuun sababummaa uumama keessatti deddeebiin mullatan kana qorachuu jechuu dha; kuniis waani walitti dhufeenyi sababummaa kan haada sababaa uumu haadowwan biro keessattiis deddeebiin argamuufi. Isa kana gadi dhaabuun seerowwan uumamaa gadi dhaabu, kuniis ulaagaa duraati humnoota uumamaa tan sababaa akka isiin hoogganamtuu fi qajeelfamtu taasisuuf, akkasumaas ulaagaa dirqamaati akka ilmi namaa uumamaan qanani'uuf.

Towhidni akka Bu'ura Jalqabaa kan Falaasama Amala Gaariitti Yoo Ibsamu

Towhidni Rabbiin akka uumama ilma namaa bareechee uume mirkaneessa, kuniis akka inni Isa gabbaruufi qulqulleessuufi.²⁴ Kuni wanti inni agarsiisu, ilmi namaa kan biyya lafaa kana irratti uumameef akka inni ajaja Rabbii isaa hojii irratti oolchuu fi Isa gabbaruufi. Kaayyoon biraa tan ilmi namaa uumameef bakka bu'aa biyya lafaa Rabbiif akka ta'uufi.²⁵ Qur'aanni akka Rabbiin

²⁴ Akkuma Aayanni: (*Ani ilma namaatii fi jinniis hin uumne akka ibaadaan Ana tokkichoomsa niif malee*) al-Zaariyaat 56 ibsutti.

²⁵ Suuraa al-Baqara Aayata, 40; al-An'aam 165; Yuunus 14 ilaaluun ni danda'ama.

ilma nama kana amaanaa dachii fi samiin baadhachuu dadhabdee isii baadhachuu irraa baarayde baadhachiise agarsiisa.²⁶

Waaqni nama amanuun kuni waan Rabbiin barbaadu irraa roga amala gaarii hojii irratti oolchuu dha. Wanti kuniis bilisummaan mirkanaa'uun amala isiin barbaaddu, ilmi namaa uumama cufa keessaa isuma qofaatu dirqama kana hojjachuu danda'a. Yoo fedhiin Rabbii murtii seera uumamaatiin argamte, argaminsii isii kun amala gaariin osoo hin ta'in kan bu'urummaan ykn bu'aa dhaan argame ta'a. Ilmi nama isuma qofa kan kaayyoo Rabbii argamsiisuu danda'u, yaanni kana guutumatti dalaguu ykn dalaguu dhabuu, faallaa isaa dalaguu ykn waanuma ta'e kan jidduu isaan lamaani jiru dalaguu akkuma jirutti ta'ee osoo jiruu. Dhugumatti ilmi namaa bilisummaa isaa tan Rabbiin ajaja isaa godhuu keessatti kenneef tana shaakaluun ajaja kana hojii irratti oolchuu hojii amala gaarii dhaati godha.

Towhidni Rabbiin ilma namaa kana rahmata isaatii fi fedhii isaatiin taphaa fi laayyoof akka hin uumin gadi jabeessa. Dirqama guddaa kana akka baadhatuuf yemmuu isa qopheessu, qaamota miiraa, sammuu fi dandeettii waa hubachuu isaaf kenne. Akkasumaas uumaa guutuu isa godheeti isa uume; inumaayyuu ruuhii Isaa irraahi isa keessatti afuufe.²⁷

Dirqamni guddaan kun sababa uumama ilma namaati. Inni kaayoo xumuraati argama ilma namaatiif, maalummaa namaatiis kan daangessuu fi hiikkaa jirenya isaatii fi argama isaa addunyaa kana irratti kan adda baasuu dha. Kanumaaf ilmi namaa hojii uumama kanaa tan barbaachisumaa ol'aanaa qabdu tana baadhata.

²⁶ Suuraa al-Ahzaab Aayata 72 ilaaluun ni danda'ama.

²⁷ Suuraa al-Hijri 29; al-Anbiyaa'a 91; Saad 72; al-Tahriim Aayata 12.

Osoo rogni kabajamaan kaayyoo Rabbii tan xumura tattaaffii amala gaarii ilma namaa taate tun jiraachuu baatte addunyaan tun akka amma jirtu kana hin taatu turte. Uumamni tokkolleen kan addunyaa kana keessatti dirqama kana baadhachuun ilma namaa irraa bakka bu'u hin argamu. Ilmi namaa riqicha tokkicha uumamaa kan rogni amala gaarii -isaatu hundaa oli-kaayyoolee Rabbii keessaahi, isa irra gara kallattii iddoo-yerootti darbuu dha, akka seenaa ta'uuf.

"Dirqamsiisuun" ykn itti gaafatamummaan ilma namaa irra kaayame daangaa kamiinuu hin daanggeffamu. Isiin uumama cufa of keessatti hammatti. Dhalli namaa hundinuu gocha amala gaarii kan ilma namaatiif kaayyeffamaa dha; iddoon isaatiis dachii fi samii dha. Waan addunyaa kana keessatti ta'u hunda irraa isaatu gaafatamaa dha, waan dirqamni isaa hunda hammataa fi kan uumamaa ta'eefi; haga guyyaa qiyaamaa hin dhumu.

Amantiin Islaamaa dirqamsiisuu kana akka bu'ura namummaa namaa, hiikkaa fi qabiyyee isaa taate gadi fageessee ibsa. Tole jedhee ba'aa tana baadhachuun isaa sadarkaa uumama hundaa olii irra isa keessi. Jidduu namummaa Islaamaatii fi tan biraa garaa garummaa guddaatu jira. Fakkenyaaf qaroomni warra Giriikii waa'ee namummaa ilaalchisee kallattii cimaa ta'e kan warri Lixaa erga haarayaan dhalatani akka fakkeenyaatti hordofan fooyyessee ture. Namummaa ilaalchisee karaan Giriikotaa kan uumamaan liqimfamuuti ture haga namaa fi amala isaa fokkisaa waaqa godhachuutti, kanaafuu Griikonni yeroo gabbaramtuu isaanii gochoota suukanneessaa, badii, hammeenyaatii fi gara jabeenyaa isii raawwattu boca isii bocan humaatuu isaanitti hin dhagayamini.

Gochoowwan akkanaa kun hoggaa akka gosa burqa jireenyaa tokkootti ilaalaman, mamii malee akkuma waan uumamaan jiruutti ilaalamaa ture, akkuma amala uumamaa hojiileen gaggaariinii fi bifoowwan guutaminsaa akka amaloota waaqaa kan taajjabinsa miidhaga jaarmaya isii haqa godhatuutti ilaalama. Akkasumaas gabbaraminsaa fi akkeeyfamuu haqa godhatti, waan waaqni bifa namaa tan waaqummaa qabuuf. Gara biraatiin amantiin Kiristaanaa namummaa Giriik-Room dura dhaabbachaa turte, akkasuma garmalee walfaallessaa turan; haa ta'uu malee "cubbuu jalqabaa" irratti hundooftee sadarkaa ilma namaa akka malee gadi buufte, namaas "uumaa xiqqaattuu" ykn "jaarmaya cubbuu" jechuun ibsite.²⁸

Ilma namaa sadarkaa cubbuu waliigalaa, tan uumamaa, tan hafuun isii hin malle, haguma fedhe tattafatullee tattaaffii isaatiin tan keessaa of baasuu hin dandeenye, silaa isiin ulaagaa sammuun namaa fudhattu taati osoo Rabbiin dirqama ol'aantummaa isaa keessatti namatti of deebisee cubbuu tana irraa nama bilisoomsuuf du'ee laalaa argee. Jecha biraatiin, yooniifi cubbuu irraa bilisoomuun Rabbi qofaan taate, rakkoon guddoon yooniifi lakkii nama biraatu cubbuu irraa nama baraara jedhani uumamti. Haaluma kanaani cubbuun namaa sadarkaa daangaa hin qabne irra kaayamte, haga rabbi fannisuun "mirga" namaa ta'u takkatti. Amantiin Hinduu, dhala namaa sadarkaa gara garaatti qoodde. Irra guddaan namaa yoo Hindoota ta'an, maqaa "moggeeffamoota" jedhamu qabu, warra sadarkaa jalaati; yoo ammoo Hindoota irraa hin ta'in "warra amantaan xireeffame" jedhaniiti waamu. Warri sadarkaa kana irra jiran haguma fedhe

²⁸ Akka ibsa Qees Ogostiinitti.

yoo xaarani huurkaa gadi naqaa oolan illee gara sadarkaa warra ol'aanaa kan "al-Baraahamt" jedhamuu san hin gayan; kuniis waan sadarkaa irraa gara sadarkaatitti ce'uun kun osoo lubbuun jirani hin mijjofneefi, garuu erga du'an booda lubbuun wal irraa bakka bu'uu dhaan nidanda'ama. Kanaafuu dirqama ilmi nama haga lubbuun jiru qooduma garee irraa dhalatee san qaba. Haga biyya lafaa kana jiru haga fedhellee ilmi namaa amala gaarii argachuuf yoo tattaafate illee, tattaaffiin isaa san tan firii qabduu miti.

-Xumura irratti, amantaan Buuzi, jireenyi ilma namaatii fi uumaalee biraatiis biyya lafaa kana irratti adabbii fi rakkoo dhuma hin qabneedha, jedhaniiti murteessan. Akka yaada warra kanaatti addunyaa kana irratti argamuunuu salphina, dirqamni hiikkaa qabu tokkichi jiru, argama kana irraa of baraaruuf adabbii lubbuutii fi tattaaffii sammuu irratti hundaa'ee halkanii fi guyyaa dha osoo hin jenne tattaafachuu dha.

Hamummaan towhidaa isuma qofa tan dhugaan nama baraartu. Ilma namaa osoo niifi sadarkaa isaa garmalee ol hin kaafne ykn gad hin buufne nama fi uumama waan ta'eef kabajaa isaan maltu isaaf kenniti. Hojiilee gaarii isa miidhagsitu irratti hundoofteeti gatii isaan maltu kennitiifi. Madaalliin isiitiis kan ta'u, danddeettii uumamaa tan Rabbiin namaan faaye -akka inni dirqamoota caalaa kanaan dhaabbatuuf- irratti hundaa'uuni. Jireenya dhala namaa keessatti dalagaalee gaarii fi fakkeenya ol'aanaa osoo qabiyyeelee jireenya uumamaa keessaa hin bahin waakkannan maletti tan lafa keessu amantuma tana qofa. Akkanaani namummaan towhidaa tan jireenya gadi jabeessituu fi amala gaarii leelliftu taati.

Towhidni akka Bu'ura Jalqabaa kan Barnoota Safuutti yoo Ibsamu

Towhidni Rabbiin dhala namaa kan uummeef akka isaan amala gaarii hojiilee isaanii keessaan agarsiisaniif akka ta'e gadi jabeessee ibsa.²⁹ Rabbiin murteessaa xumuraati, ilmi namaa akka gochoota isaa irraa gaafatamaa ta'e isa hubachiisa/diiniinaaf.³⁰ Namni toltuu dalagee toltumaan galata galfama, namni hamtuu hojjatees adabbi qunnama.³¹ Ammaas towhidni Rabbiin ilma namaa akka biyya lafaa kana miidhagsuuf uume mirkaneessa.³² Jechuun, akka lafa tana keessa deemuuf, midhaan isii irraa nyaatuu fi qabeenyaa fi bareedommina isii tiin qanani'uuf; duuba lafti ni badhaati, inni niis warra milkaa'e irraahi ta'a.³³ Yaanni kun iddoo addunyaatii fi isii fudhachuu mirkaneessa, kuniis waan inni iddoo qulqulluu fi gaari, kan Uumaan toltuu dhala namaatiif uumee qindeesse ta'eefi.

Dhugaan jiru, wanti uumama kana keessa jiru hundi dachii fi samiis hammatee akka ilma namaa tajaajiluuf ajajni itti kenname/laaffifaman/ agarsiisa. Uumamni waltajjii dha, ilmi namaa hojii isaa tan amala gaarii itti agarsiisu, kana gochuuni roga ol'aanaa kaayyoo Rabbii argamsiisa. Ilmi namaa fedhii dhalootaatii fi dhimma isaa bahuun itti gaafatamummaa isaati, namni hundinuu mata matatti dhimma kana irraa itti gaafatama qaba. Akka dandeettiilee uumamaa hunda irraa bu'aan buufamuuf, ilmi

²⁹ Suuraa Huud Aayata 7; al-Kahf 7; Muhammad 31; al-Mulk 2 ilaaluun ni danda'ama.

³⁰ Suuraa al-Towbaa 95 fi 106.

³¹ Suuraa al-Zilzilati 7 fi 8; al-Qaari'ah 6 fi 11.

³² Suuraa Huud, 61.

³³ Suuraa al-Baqarah 57 fi 172; al-Maa'idaah 90; al-A'araaf 31 fi 159; Xaha 81; al-Mulk 15; al-Leyl 10.

namaa dirqama dandeettiilee dhala namaa gara sadarkaa ol'aanaatti ol guddisuuti qaba. Wanti isa irraa eegamu, lafa tana gara jannataattii fi iddoolee miidhagduu bashannansiiftutti geedaruu dha, adeemsuma kana keessa barbaachisaa taanaan bu'aa aduu fi ji'aatiis abuuruu qaba.³⁴

Dhugumatti ilmi namaa dirqama lafa tana jiraachisuutii fi fooyyessuti qaba haga isiin yoo Rabbi fedhe jannata dhugaan isaa keessatti ol'aantummaa argatu taatutti. Sadarkaa addunyaan qabdu gadi jabeessuun kun qarooma ni dhugoomsa, wantoota qaroomni irraa ijaaramuus ni uuma, humnoowwan hawaasaa tan qarooma kana fooyyessanii fi guddisaniis ni qopheessa. Towhidni faallaa moloksumaa, maatii godhachuu irraa of fageessuu, addunyaa fi addunyaa irraa haga barbaachisu irratti gabaabbachuu waakkachuuti.³⁵

Addunyaa tana barbaachisummaa isii gadi fageenyaan ibsuun addunyaa tanaa fi uumama kana akkuma jiranitti ulaagaa takka malee fudhachuu jechuu miti. Yoo bu'urri isa irra dhaabbatanii waan ilmi namaa galmaan ga'e gadi fageenyaan madaaluu baatan, waa'ee uumamaatii fi addunyaa kanaa leellisuun gara tokkoo kabajaa fi humnoota ykn garee isii irraa ta'e tokko garmalee

³⁴ Kuniis jecha Rabbii olta'aa: (*Yaa tuuta Jinnii fi Namaa yoo dheefa keenya qarqara dachiitii fi samii keessa dheesuun kan nu duraa baatan taate mee dheesaa, hanga feetan dheesitaniis bahu hin dandeessan humna jabduun malee, humna akkasii hin qabdan*) al-Rahmaan 33.

³⁵ Suuraa al-Hadiid 27 ilaaluun nidanda'ama. Dhugumatti Rabbiin Suuraa al-Qasas, Aayata 77 keessatti ni ajaje (Qooda kee kan addunyaa irraa qabduus hin dagatin); Rabbiin namni akka isa kadhatu ajaje, waan inni barbaade akka isaanii kennuuf (*yaa Rabbi addunyaa fi aakirattiis toltuu nuuf kenni*) al-Baqarah 201. Al-A'araaf 156, eegasii Rabbiin Mu'umintoota kadhaa teessaniif yoo isin toltuu dalaydan isiniifiin dhagaya jedheeti tasgabbeesse. Suuraa al-Nahal: 30; al-Zumar: 10.

leellisuun waldiiginsa uumuutti booda aana. Sochiin ilma namaa tan walmadaaltuu fi jaarmaya qabdu akka gara ulfina qindaawaa, akkuma sadarkaa walsimatinsa caalmaya jaarmaya isaatiin, kan miirri, naasuunii fi bayyanootaan maletti hin oofamne ta'uun, ulaagaa jalqabaa tan dirqamaati. Yoo kun ta'uu baate, carraaqqiin tun gara rakkoo ykn bu'aa gubbaatti nama geessiti, ykn garii humnoota seeyxaanaati gadi lakkifti.

Fakkeenyaaf qaroomni Giriikotaa carraaqqii isaa tan addunyaa kessatti garmalee daangaa ce'e. wanti isiin barsiisaa turte, wanti biyya lafaa kana irra jiru hunduu bu'aa dhuma qofaa, kanaafuu isa harkatti galfachuuf carraaquun barbaachisaa dha jechuu dha. Wanti fedhamu hunduu, wanti barbaachisaa ta'e hunduu, toltu, fedhiin matummaan isiituu toltuu uumama waan taateef, jetteeti lallabaa turte. Uumamnummaanuu walddhabbii baay'ee waan qabuuf akkasumaas walddhabbiin fedhiilee ykn qaama uumamaa jiddutti waan jiruuf, yaanni dura dhiyaate san irra deebi'aanii laaluuf wanti nama hawwisiisu hin jiru. Bu'ura dor hin jirre, kan fedhiilee fi gorinsa ilma namaa kan uumamaa cufa caalu leellisuun waan fudhatama qabuu miti. Isuma kana keessaani wal dhabbiilee fi waldiddaalee jirtu hubachuun danda'ama, kanumaafuu inni wanta isa hubachuun barbaachisu tokko ta'e.

Qaroomni warra Giriikii dhugaa kana hubachuu irra bareedina uumamaa kana fudhachuu caalchifatte, kuniis, bu'aan hamaan uumamni fidu kun matummaan isaatuu uumama jedhanii yaaduuni. Eega jaarraa deebisanii dhalachuuti, qaroomni ammayyaa kan warra dhihaa rakkoo tanaaf xiyyeeffanna ol'aanaa kennaa dhufe. Akka waan haalli kun dandeettii namaatii ol ta'eetti, aaydiyooloojii uumama dhaadhessu kanaaf hawwuun isii,

akka uumama amala gaarii irraa walaba ta'e fudhattuuf ishii kakaasee ture. Haalli kun akka qabsoon nama warra dhihaa mana amantaa Kiristaanaatii fi waan isiin bakka buutuu waliin ta'u taasise. Kun kan ta'e, waan inni barnoota ammayyaa kanaan qaroomuu akka gabrummaa mana amantaa kana jalaa ba'uutti ilaaluufi.

Kana irraa ka'uu dhaani, madaalli tilmaamaa kan hubannoo sammu irraa burquun sadarkaa addunyaa ykn aaydiyooloojii uumamaa hubachuun haalaan ulfaachaa dhufe. Osoo madaalliin kun jiraachuu baate, yaanni kun ofuma isaatiif of diiguu fi walitti bu'insa "mala maluun maletti" furuun hin danda'amne keessatti kufa ture. Gareen waaqa (al-Olamb) waan waltaatee waliin jireenya dadhabdeef, ofumaaf of balleessuun isii dirqama ta'e. Kanumaaf waaqa Giriikotaa biratti addunyaa kana barbaachisummaa isaa gadi fageenyaan ibsuun waan bu'aa takkallee hin qabne ta'e.

Amala gaarii dha jechuun, addunyaa qarooma walmadaalaa, waaraa fi of haaromsuu danda'uu mirkaneessu argamsiisuu dha. Qabatamni, qaroomni dhugaa akka addunyaa amalli uumamaa gaariin ykn kan uumamaan alaa kan qabiyyeen isaa tan keessaa ykn ulfinni isaa jireenya, addunyaa kana, yeroo, seenaa fi sammuun wal hin dhabne gadi jabeessuu ta'e gadi fageessee agarsiisa. Amala gaarii akkanaa kana yoo towhida ta'e malee karaaleen xin-yaadaa kanneen namni baay'inaan beeku sun fiduu hin danda'an.

Towhidni akka Bu'ura Jalqabaa kan Tokkummaa ummaataatti yoo Ibsamu

Towhidni ni dhugoomsa jechi Rabbii: (*Dhugumatti amantiin teessan tun amanti takka Ani Rabbii keeysanii Anuma gabbaraa*)³⁶, towhidni dhugumatti akka mu'umintoonni garee obboleeyyanii takka tan wal jaalattuu fi obsaa fi dhugaa qabachuu waliif dhaamtu ta'an agarsiisa.³⁷ Dhugaa Rabbiititti harka maratan gonkumaa wal hin dhaban,³⁸ wal utubeeffatan, toltutti yaaman hamtuu irraa dhoowwan,³⁹ xumura irratti, akka kanaani ajaja Rabbiitii fi ergamaa isaa godhan.⁴⁰

Ilaalchi, yaanni, hawwiinii fi gochi ummatichaa tokko. Ummanni garee nama irraa ijaaramtu, tan waliqqabama rog-sadee bu'urri isaa: sammuu, qalbii fi irree ta'e irraa walitti dhuftuu dha. Yaada isaanii, murtiilee isaanii, ejjannoolee isaanii fi maalummaa isaanii keessatti, akkuma jabeenya isaanii, waliif galtee qabu. Obbolummaan ummatichaa, obbolummaa waliigalaa tan halluu fi maalummaa dhiigaatiin hin daanggeffamne. Ilaalcha akkanaa kanaani ilmi namaa hundi walqixa ta'a, yoo sodaa Rabbiitiin taate malee wal hin caalan.⁴¹ Nama tokko ummata kana irraa yoo wanti haarayni tokko isatti dhufe, kan biraa beeysisuun dirqama, akkasumaas yoo waan gammachiisaa ykn kennaa garii takka argatees warra biraa hirmaachisuu qaba. Namni tokko isaan

³⁶ Suuraa al-Anbiyaa: 92; al-Mu'uminuun: 53.

³⁷ Suuraa al-Asrii: 3; al-Hujuraat: 10.

³⁸ Suuraa Aal-Imraan: 103.

³⁹ Aal Imraan: 110; al-Maa'idah: 82; al-Towbah: 113; Xaahaa: 54 fi 128.

⁴⁰ Akkuma Rabbiin Suuraa Aal Imraan: 32 fi 132 keessatti; al-Nisaa'a 58; al-Maa'idah: 95; al-Nuur: 54; Muhammed: 33; al-Taghaabun: 12.

⁴¹ Akkuma Hadiisa keessa jirutti waa'ee Hajjat al-Wadaa'a ilaalchisee. Walitti qabamuu roga sadanii jechuun, akeekni ykn yaadni isaanii wal qixxaachuu, fedhiin isaani ykn murtiin isaanii waliif galu, gochi ykn irreen isaanii waliif galuu dha.

keessaa yoo qabeenyaan ykn barnootaan sadarkaa ol'aanaa takka gahe nama biraa akka sadarkaa san gayuuf gargaaruu qaba.⁴² Kanumaafuu, argama ummataatiin alatti towhidni argamuu hin danda'u. ummatni xurree amala gaarii, bakka bu'insa ilma namaa "lafa kana" irratti fi mullata addunyaati. Ummanni jaarmaya uumamaa kan dhala namaa hunda of keessatti qabatu. Inni dhaabbata nagayaati, nagaya Islaamaa, kan nama dhunfaa hundaa fi gareetiifiis banaa ta'e, yoo isaan qaceelfama dhugaatti amanuu fi dhugaan amansiisuu kan fudhatan ta'an, ammaas yoo isaan kan dhaabbata idil-addunyaa kan yaadowwan sammuu, meeshaaleen, qabeenyinii fi ilmi namaa bilisummaa dhaan akka fedhetti keessa socho'uu danda'u kan barbaadan taate. Nageenyi Islaamaa dhaabbata idil-addunyaa kan dhaabbata mootummoota wal ta'anii caaluu dha. Isa kaleessa dhalate san, kan yaada bu'uraalee kan inni irraa ijaarame kan akka biyya sablammootaati fi hoggansa "humnoota gurguddoo" tiin malaammalame/ bade. Bu'uraaleen sun yaada "barbadummaa biyyaa", kan erga bara haarayoomsuu amantii, isa yaada seenaa biyya Aawroopaa irraa burqaa ture irratti hundeeffaman, akkasumaas fakkii ol'aanaa ta'uun, kan manni amantaa Kiristaanaa xiyyeeffannaa gayaa itti hin kennin hawaasa addunyaa keessaa dhabamuu irratti bu'ureeffame. Garuu barbadummaan biyyaa, sadarkaa bu'ura amala gaarii irratti hundeeffamuu qaba ture.

Milkaawinsi gamtaa mootummoota wal ta'anii yeroo inni shoora dabeeysa hojjatee dha, lola miseesota isaa giddutti adeemsifamu keessatti. Dhaabbanni kun rakkoo akkanaa tana furuullee hin

⁴² Rassuulli Rabbii Muslimoota akka jaarmaya jabaa kan waljabeessuu, akka qaama tokko kan yoo garri tokko dhukkobsate qaamni hundi isaa waliin laalatuutti fakkeesse.

dandayu; kuniis waan inni waraana mataa isaa hin qabneefi; mana marii nageenyaa kessatti dhimma murtaawaa tokkoof kan waraanni eeyyamamu yoo miseesootni “humna guddaa” qaban eeyyaman qofa. Faallaa kanaatiin, nageenyi Islaama heera waraa nabi Muhammediif guyyaalee duraa tan baqa gara Madiinaatti taasisanii eegalee kennameef keessa kaayame. Nabiyyiin kabajamaan heera san akka Yahuudaa biyya Madiinaatii fi Kiristaanota biyya Najraan keessa turan kan hammatuu fi maalummaa isaaniitii fi dhaabbilee isaanii tan amantaa, hawaasummaatii fi aadaatiis kan isaaniif mirkaneessu ture. Seenaa keessatti heerri barreeffamaa ta’e kan biraa, kan haga heerri mootummaa Islaamaa biyya Madiinaa keessatti mirga lakkoossaan xiqqeeyyii kabaje, kabaje hin beekamu. Heera Madiinaatti hojjachuun jaarraa kudha afran darbaniif mootummaa Islaamaa tan adda addaa keessatti itti fufaa ture. Kuniis abbaa irreetii fi finciloota adda addaa kan akka Jankiiz Khaani fi Hoolaako faa dura dhaabbachuuni.

Kanumaafuu, ummata jechuun dhaabbata idil-addunyaa akkasuma dhaabbata hawaasaa kan qaroomni Islaamaa irratti bu’ureeffame jechuu dha. Inni niis ulaagaa irraa hafinsi hin jirre. Sammuu dhala namaa maalummaa Hayyi binu Yeqzaanii fi adeemsa isaatitti fakkeessuu dhaani warri falaasamaa akka Hayyi tattaaffii isaatiin dhugaa amantaa Islaamaatii fi towhida bu’ura ta’e irra gayee beekan. Kana booda Hayyiis “ummata” abuure. Kanumaafuu doonii hundee mukaa irraa tolfatuun naannoolee hin beekne keessa “ummata” barbaaduuf qaceele; ummata isii malee beekumsi isaa hundinu dhugaa dhaan wal hin fudhanne. Gabaabsinee yoo ibsinu, Towhidni “ karaa ummataa” ti.

Towhiidni akka Bu'ura Jalqabaa kan Miidhagoowwaniitti Yoo Ibsamu

Toowhidni uumamni hundi amala waaqummaa akka hin qabne agarsiisa. Wanti uumama kana keessa jiran ykn isa irraa dhufan hundi uumama. Sadarkaa isaatii ol hin fuudhamu, seerota iddootii fi yerootiif hoogganamaa dha. Haaluma kamiinuu Rabbi ta'uun sifaa fi argamaaniis hin malu, kuni waan towhidni hundee tokkichummaa Rabbii ta'e ibsu. Guutumaan guututti Rabbiin uumamaan adda, kanaafu Inni hundaa oli. Tokkicha hundaa ol ta'e. Towhidni akk wanti tokkolleen kan Rabbi fakkaatu hin jirree mirkaneessa,⁴³ kanumaafuu uumama kana keessatti wanti Rabbi fakkaachuu danda'u ykn mallattoo isaa ta'uu danda'u hin jiru. Wanni tokkolleen isa fakkaachuu hin danda'u, murtee hiikkaa dhaatiin yoo ilaallu, Inni fakkeessuu irraa fagoo dha. Akkuma fedhe yoo ta'ellee dandeettii waa miidhagsuutiin Rabbi bocuun ykn fakkeessuun hin danda'amu.

Ogummaa miidhagaati jechuun, bu'ura jalqabaa kan waan uumamaa achii karaa qaamota miiraatiin hubachuu jechuu dha. Bu'urri kun ulaagaa madaallii kan wanta mullaatuuti. Wanti tokko bifa kanaan argamuu qaba. Wanti tokko sadarkuma ilaalcha hundeetti dhihaatuuni guutoomminni isaa dabalaa deema. Haala uumama lubbu qabeeyyii, biqilootaa, bineensotaa fi keessaa huu ilma namaa keessatti, wanta miidhagaa dha jechuun isa hundee jalqabaatti akkaan dhihaatu. Kana irra dhaabbachuun uumamni akka gaaritti bereedommina kana keessatti of ibsuu danda'a jechuun ni danda'ama. Waan miidhagaa dha jechuun waan uumamni ibse kan irrina hedduu hin qabne.

⁴³ Suuraa al-Shuura: 11.

Artii dha jechuun, carraaqii kaayyoon isii dhaa hundee waan uumama duuba jiruu uumama keessaan qoratani wanta san bokaan lafa kaayuu jechuu dha. Artii dha jechuun amala uumamaa akkeessuu hin ta'in ykn amala mullataa uumamaa " kan amaleeffame" fakkeessuu akka hin ta'in, ifa bahaa dha; " kan amaleeffame" jechuun wantoota "amaleeffamuun isaa" ykn qabatamni uumama isaa guutame jechu. Suuraan footo giraafii wanta tokko dokmanti godhuuf ykn maalummaa nama tokkoo ibsuuf barbaachiftuu dha, garuu hojii artiitiin wal hin madaaltu. Artii jechuun waan uumama keessa hin jirre tokko uumama keessa galchuu dha, wanta saniifiis bifa mullataa isaan malu isaaf laachuu dha.

Akkuma ibsaa fi xinxala armaan dura darbee, artii dha jechuun waan uumama keessa hin jirree uumama keessatti uumuu dha. Wanti uumama irraa hin ta'in san wanta hunda caalaa ta'e; amala kana kan qabu waaqa malee hin jiru. Waan hundeen jalqabaa kan miidhagaan qanani'uu amala madaalliitii fi bareedomminaa qabuuf, miira namaa bifa adda ta'een hawwata. Kanumaaf namni bareedommina jaalata, bereedomminaaniis hoogganama. Namni tokko yoo miidhaginsa qabaate, miidhaginsi kun gara sadarkaa ol'aanaatti ol fuudhame, akka ilaalcha Giriikotaatti namummaa irraa gara waaqummaatti jijjiiramuu jechuu dha. Namni niis namoota akkanaa kana bifa adda ta'een gara gabbaruutti gora, waan akka waaqaatti isaan ilaalaniif. Namni warra dhihaa kan ammayyaa waaqa kamiyyuu qabatee obsuu hin dandayu yeroo dubbiin dhimma waan uumamaan duuba jiruutiin kan wal qabatu ta'e. Garuu yeroo dha wanti kana mala gaarii dhaa fi naamusaan kan wal qabatu ta'e, "waaqni" isaan miira isa guddisuu ykn

dabinsa namummaa irraa ka'uun uummatan san, isumaatu qabatamaan gochoowwan isaanii hooggana.

Akka Giriikota duriitti irra caalatti miidhagina shaakaluu jechuun, hojii artiileetiin waaqa bifa namoota, bifoowwanii fi miiroowwan dhala namaa guddisaniin bocuu dha; kanaas hojii artii kan mullataa ta'e kan harkaan bocamee fi yaadaa, kan akka walaloo fi diraamaa keessattiis arguu ni dandeenya. Wantoonni isaan akka waaqaatti bocan san bereedduu dha turte, kuniis waani isiin amala dhala namaa kan inni irratti jiraachuu qabu guddiftuufi. Garuu miidhaginsi kun walitti bu'insa waaqa kanaa fi kaan giddutti jalaqabuma irraayyuu ture dhoysuu hin dandeenye. Kuniis kan ta'uu dandayeef, waan isaan hundinuu amala sadarkaa uumama isaaniitii ol ta'e argataniifi.

Biyya Romaa, waltajjii kufaatii Giriik keessatti, artiin waa bocuu bereedaan Giriikotaa san gara jiruu fi jireenya impaayaroota Roomaa fakkeessuutti gadi bu'e. Asittillee impaayaronni artii kanaan akka waaqaatti bocamaa turan. Giriikota biratti ilaalchi kun akkuma duraan turetti jaarraa hedduuf itti fufe, garuu artiin diraamaa hojii bocuutiis qabatee, gara walitti bu'insa waaqaa kan dhaabbata hin qabne karaa taateewwan walitti dhaabbattuu taate tan maalummaa diraamaatiin wal kiphxutiin, ibsuutti fooyya'aa dhufe. Bu'aan isaa kan walii galaa, maalummaa waaqaa maalummaa namaa, tan daawwattoonni akka maalummaa namaa taate beekan, keessaan daawwatootaaf fakkeessuu dha; kuniis burqaa bashannanaa guddaa yeroo saniiti ture.

Taateewwan diraamaa kan ija isaanii duratti agarsiifamu san yoo kan booddee hamtutti kan nama geessu ta'e, kuni akka waan barbaachisaa tokkoo fi yaada ofii ibsachuutti ilaalama. Wanni

kuniis faana laalaa tan hamtuu saniiti nama irraa adeemsisa, karaa "of qulqulleessuutiini" miira badii dalaguu kan aadmalee dalaguu irra isaanitti dhagayamu of irraa deebisan. Kana irraa ka'uu dhaani artiiin rakkoo ibsachuu- kan biyya Giriik keessatti dhalatee guddate- barnoota namummaa cufa keessatti akka dalluu/fiinxee/ artiiwwan hogbarruutti ilaalama.

Akka carraatti yemmuu dhugaa fudhatu, hayyichi warra dhihaa kan waa'ee warra bahaa qoratu G.E. Fon Grunebuam "Amantiin Islaam artiilee bocinsaa (qorinsa, fakkii kaasuu fi diraamaa) tiin wal hin barre, kuniis waani amantichi waaqa bocamu ykn amala namaa qabu, kan sochiin isaa ofii walitti bu'uu ykn hamtuu⁴⁴ waliin walitti bu'uu ta'e irraa bilisa ta'eefi. Fon jecha isaa kanaan amantii Islaamaatiin komachuu fedhe, garuu jechi isaa kun amala amantichi amantii biraa irra caaluuni agarsiisa. Guddinni Islaamaa boca gabbaramuu fi amala uumaa fi uumama wal fakkeessuu irraa waan bilisa ta'eefi. Jechi namtichaa sirrii dhuma; kuniis waan inni hariiroo cimaa artiilee fakkeessuutii, fi amantiilee siidaa gabbaruutii fi barnoota amantii kan qaama'uu kan warra dhihaa gidduu jiru agarsiisuufi.

Duruma irraayyuu Yahuudaan Rabbi "bifa qoramtu taa'te" irraa ol akka ta'e mirkaneessan, kanaas dirqama of irratti godhan. Ajaja rabbi godhuu sanii, seenaa guutuu waan guutumatti gosa artiilee mullataa⁴⁵ ta'ee irraa galan. Waa'ee kanaa ilaalchisee, hojii xinnoo takka dhiibbaa Misraa, Giriikii, Roomaa fi Kiristaanotaatiin

⁴⁴ Odeeffannoo balloof Ismaa'iil al -Faaruqi "al-Islaamu wa al-Fannu" (Islaamaa fi Artii), 1973 ilaaluun ni danda'ama.

⁴⁵ Ismaa'iil al-Faaruqi "howla Xabii'ati al-Amal al-Fanni al-Diinii" "Waa'ee Hojii Artii Amantii", 1970.

hojjataniiru. Bara ammayyaa kana, keessaayyuu erga Naappoliyon isaan bilisoomsee qarooma warra dhihaatti isaan make booda, akka isaan ajjannoo isaanii caalaa jalqabaa san dhiisanii gara karaa uumama hordofuu kan warra dhihaatitti galan agarra.

Towhidni miidhaga aartiitii fi bereedomminatti qanani'uu hin faallessu, inumaa faallaa saniitiin ni eebbisa akkasuma ni jajjabeessa. Towhidni bareedommina walii galaa Rabbi, ajaja isaatii fi jechoota isaa kan buufame kessatti ilaala. Kanaaf gara aartii haaraya ilaalcha isaatiin wal simatuu uumutti qajeele. Jecha (Rabbi malee Rabbiin biraa hin jiru) jedhu kana irraa jalqabee; artistiin Muslimaa wanti tokkolleen Rabbi akka hin fakkanne ykn guututti isa ibsuu akka hin dandeenye amana. Karaa tooftaa haasawa gar-heddeetiin artistiin Muslimaa haga dandaye wantoota uumama irraa fageesse, tooftaa kanaani wanta uumamaa uumama irraa fageesse, haga isa adda baasuun ulfaatutti. Tooftaan kun artistii Muslimaatiif tooftaa "lakkii" waan uumama ta'e hundaafii mitii, garuu uumamumaaf malee, ittiin jedhu taateefi.

Walumaa galatti amala wantootaa kana dura dhaabbachuuni, muslimni bifa mullataa ta'e tokkoon akka (Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jirre) ibsa. Ragaan artistii muslimaa kun dhugumaan waakkannaa uumamni gara sadarkaa caalmayaa tan isaan hin malleetiin wal qixa. Artistiin muslimaa daangaa kana biratti hin dhaabbanne. Dhugumatti galmaan gaye kalaqa isaa, yeroo dha Rabbiin bifa uumamaatiin akka hin ibsamne addaan baafate. Rabbi guddatee ol ta'ee, arkaa ijaatiin hin ibsamuu hubachuun, kaayyoo ol'aantuu miidhagaa tan ilmi namaa of duraa

qabu. Rabbiin isuma qofaatu guutuu fi caalaa waan hundaati, dhugaa dhaan wanti uumama irraa Rabbi Fakkaatu hin jiru jechuun, ol aantummaa Isaatii fi hir'ina dhabuu Isaa dhugaan amanu. Sammuu keessatti Rabbi bifa uumama isaa hin fakkaanneen arguun, isiin Isa ilaaluu dha akka "bareedomminaatti- kan bereedomminni wanta biro isatti hin malle." Rabbi bifa kanaan ibsuun mijjaawuu dhabuun sifa waaqummaati agarsiifti, akkasumaas waaruu, guutommina hin daanggeffamne ykn fakkeeffamuu dhabuu ykn daanggeffamuu dhabuu dha ibsa. Rabbiin waaraa dhuma hin qabne jechuun akka bifa kanaan isa ibsuun hin danda'amne mullisa.

Xinxala Islaamaa keessatti, kallattii tana qabachuuni artistiin muslimaa artii miidhagsuu uume, haga isii gara "miidhaginsa Arabaatti" ykn fooyya'insa wal qabataa ta'ee, jijjiirutti. Kana jechuun, suphinsa kallattii hedduu qabuu fi dhuma hin qabne jechuu dha. Miidhaginsi Arabaa kun wanta babarreessu kan uumamaa, qushaasha (gati dhabeessa), qumaasha (gati qabeessa), abaaboo, dhaaba, gonbisaa, utubaa, fooddaa ykn fuula kitaabaa yoo ta'ees gara miidhaginsaatti deebifti. Miidhaginsa qindaawaa salphaa, qulqulluu fi kallattiilee hunda wal ga'u, kan hin daanggeffamne. Wanti uumamaa artii kana keessatti gara "jijjiirama hundeetti" ce'a, kana booda kallattii ilaalchaa qofa ta'a. Gara bareedomminaatiin, wanti uumamaa miidhaginsa Arabaa keessatti fooddaa daangaa hin qabne ta'e. kuni waaruu fi dhuminsa dhabuu agarsiisa jedhanii yaaduun, hiika ol'aantummaa irraa tokko hubachuu jechuu dha; inni hiikkaa takkittii fakkeeyyuu gubbaatii fi keessaa ibsitu.

Kuni akka irra caalaan hojiilee aartii tan Muslimootaan galmeeffamte amala waan hin fakkaannee irraa of bilisa goote agarsiisa. Hoggaa fakkii biqiloota, bineesotaa fi namaa fakkeessullee artistiin Muslimaa tooftaa akka wantoonni san uumama dhugaa hin ta'in agarsiisan fayyadama; wanni uumamaan faallaa tokko akka keessatti hin mullanneef of eeggannaan hojjata. Carraaqqii tana keessatti, artistiin Muslimaa hambaa afaaniitii fi hog-barruutiini gargaarsifata. Faayduma kanaatiifi barruu Arabaa fooyyesse, akka miidhagina Arabaa kan daangaa hin qabne, kan jijjiirama tokko malee gara kallattii barreysaan fedhetti adeemu lafa kaayuufi. Muhandisni Muslimaa kan jaaruu dhaan beekamaa ta'ees akkanuma; kaayoon isaa jaarmaya miidhagina Arabaa qabu ijaaruu dha. Akkuma sani, dhaabbanni, ciisinsinii fi tolchinsi lafaa. Haguma fedhe teeysuma lafaatii fi dhiigaatiiniis⁴⁶ adda fagaatanillee, Tokkichummaan Rabbii kaayoo takkittii hunda artistoota Mu'uminoota tan walii galaati; ilaalcha Islaamaa kan adduunyaatii fi uumamaatiini sochooti.

⁴⁶ Waa'ee hariiroo towhidaatii fi aartiilee biraa ilaalchisee, namni odeeffannoo bal'oo barbaade, haa ilaalu: - al-Faaruuqi, Ismaa'iil, al-Faaruuqii fi Lwiis Lamy'a'. **Faana Qarooma Islaamaa**, (Axlasu al-Hadaarat al-Islaamiyyah) al-Riyaad: mana kitaabaa al-Abiikaan, Dhaabbata Idil-Addunyaa kan Xiinxala Islaamaa, 1998, boqonnaalee 19-23. Liwiis Lamy'a', al-Faaruuqii, Ogummaa miidhaginsaatii fi Aartiilee Islaamaa, (al-Khibratu al-Jamaaliyyah wa al-Funuun al-Islaamiyyah) Isxanbuul, 1984.

Xumura

Amantiin Islaamaa dhuka qarooma Islaamaa ta'uu fi dhukni Islaamaa tokkichummaa Rabbii ta'uu ilaalchisee mamiin tokkoolleen hin jiru; Towhiida jechuun Rabbiin guddaan Isumaatu uumaa waan hundaati, tokkicha tokkichummaan isaa hin daangeyfamne, kan waa maraa ol ta'e, uumaa waan hundaatii fi goftaa isaaniiti jechuu dhaan iimaana qulqulluu fi gadi fagoo qabaachuu jechuu dha.

Bu'uraaleen hangafaa lamaan kun akka gaaritti ifa bahoodha, namnummaan kamiyyuu kan qarooma Kanaan walitti hidhata qabu fi isa keessatti waa gumaachee jiru, takkumaatuu shakkiin isaan kana ilaachisee isa bira hin babaane. Bu'uraaleen kun shakkiif kan saaxilaman sochiilee mishinarootaa ykn hayyoota warra Dhihaa kanneen waa'ee warra Bahaa qoratani fi warra biraa isaannan yaroo dhihoo darbe keessaatti Islaamummaa hiikaa turan biratti. Muslimoonni sadarkaan beekumsa isaanii haga fedhe gadi bu'aa yoo ta'ellee, qaroomni Islaamaa akka dhuka of keessaa qabuu fi dhukni kuniis kan baratamuu, xiinxalamuu fi ibsamuu danda'u akka ta'e amantii guutuu qabu; dhukni saniis tokkichummaa Rabbiiti.⁴⁷ Towhidni akka hundee fi bu'ura jalqabaa kan qarooma Islaamaa ta'e ibsuun mata duree yaadannoon kuni irratti xiyyeeffatuu dha.

Tokkichummaan Rabbii bu'ura sani, kan qarooma Islaamaa maalummaa isaa gonffachiisu, dameelee isii chufa kan walitti

⁴⁷ Dura dhaabbannaan kiyya hayyoottan warra dhihaa kan waa'ee warraa bahaa irratti xiyyeeffatan kanneen waa'ee amantiin Islaamaa bu'ura qabaachuu isiirratti mamii uuman ykn bu'urri kun beekamaa ta'uu isaa ykn kan beekuun danda'amu ta'uu isaa, kuniis kan raawwatame barruu mata dureen isii " Bu'ura beekumsa amantii Islaamummaa keessatti" jedhuuni.

hidhu akka jaarmayni boca qabu kan walguutaa/ guutamaa/ ta'e
kan qarooma jannee waamnu isii irraa uumamuuf.

Waa'ee Barreessaa

Ismaa'iil Raaji al-Faaruuqiin, hayyoota beekamoo qorannoo Islaamaatii fi amantiilee bebeekkamoo addunyaa tanaa taasisan keessaa isa tokko. Biyya paalastaayinitti dhalate. Waa'ee falaasamaatiin yuniversitii Indiyaanaa tan biyya Ameerikaa irraa doktorummaan eebbifame. Dhaabbata jiddu gala qorannoo Islaamaa kan biyya Paakistaan, yuniversitii Siiraakyuuz tan Ameerikaatii fi universitii Maakjiil tan biyya Kanaadaa keessatti barsiisummaan tajaajilaa ture. Shikaagoo keessatti dura taa'aa kollajjii Islaamaa tan Ameerikaati ture, akkasuma Binsalvaaniyaa, yuniversitii Tiimiil keessatti barsiisaa muummee amantiiti ture. Kitaaba hedduu barreesse ykn kitaaba hedduu barreessuu fi qorannaa baay'ee geggeessuu keessatti hirmaate jira. Fakkeenyaaf, kitaaba akka, "Asxaa Seenaa Amantiilee Addunyaa tanaa," "Amantiilee Aasiyaa Gurguddoo" fi Towhidaa, barreessee jira. Dhaabbata Xinxala Islaamaa Idil-Addunyaa hundeessuu keessattiis qooda guddaa qaba. Akkasu maas dhaabbatichaaf hoogganaa jalqabaa ture.

The finale

Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silisalaalIII') jedhamu kun maxxansaa dhaab-batichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Bu'uurri Qarooma Islaamaa Islaamummaa akka tahe hin mamsiisu.- Bu'uurri islaamaa immoo tokkichummaa rabbiiti. Yookiin rabbiin uumaa isa tokkicha qophummaan malteen isa ol'aanaa taheedha. Uumaa fi Gooftaa uumamaa fi lubbu qabeeyyii hundaati. Duudhaaleen lamaan bu'uuraa kunniin sirritti waa hunda ibsuu fi Qaama qarooma tana kees-satti hammatamee jiru yookiin gumaache kamiifuu tasallee shakkii itti tahees hin beeku.

Warroota baha (oreintals) jedhaman islaamummaa dhiheenya kana akka isaaniif galetti hiikan biratti malee takkaa shakkiif hin saaxilamne. Muslimoonni sadarkaan qarooma isaanii kamillee yoo tahe , qarooma islaamaa bu'uurri isii kana tahuu amantaa guutuu irraa qabu. Bu'uurri kunis beekumsaa, fooyyessaafi akeekkiif mijataa dha. Kunis tokkichummaa fi xiinxala tokkichummaa isa bu'uuratti fakkeeffame duudhaa qarooma islaamummaa mata duree barruu kanaati.

Kunis kitaaba “Atlas Qarooma Islaamaa” jedhamu irraa kan fudhatame. Tokkichummaan bu'uura qarooma islaamatiif maalummaa/eenyaammaa isii laateedha. Dameelee isii hunda waalitti hidhuun akka isheen qaama guutuu tokko kan qarooma jennu kana taatu kan taasisee dha.